PSR

# Sagantaa Baqatoota Spoonsershipii Dhuunffaa

## Baqatoota Kanaadaati deebise qubachiisuu

## Odeeffannoo Barbaachiftuu

Kanaadaa dhufuuf iyyannoon kee xiinxalaa duraa aangawoota Kanaadaatiin argateera. Amma kan ittti aanu maal jechuun ni mala. Fudhatama duraa kana argachuunn baqattuma ga'a ta'un kee adeemsa quubsuma keeysatti tarkaanfii barbaachiftuu duraati. Garuu tarkaanfii xumuraatii miti.

**Odeeffannoon kuni adeemsa tarkaanfii itti aanuu fi dhimma Kanaadaati.**



Immigration, Refugees and Citizenship Canada
Immigration, Réfugiés et Citoyenneté Canada

Canada

© Mootittii Olaantuu Mirga Kanaadaatti, kan Ministeera Godaantotaa, Baqattootaa fi Lammummaan bakka buutu, 2019

Ci44-19/2019Orm-PDF
978-0-660-32866-9
2627-11-2019

# Sagantaa Quubsuma Baqatoota Spoonsershipii Dhuunfaa

Sagantaa Quubsuma Baqatoota Spoonsershipii Dhuunfaa jala Knaadaatti qubachuu ni dandeetta ta'a. Kana jechuun gareen spoonsershipii dhuunfaa tokko jireenya kanaadaa waggaa duraatif gargaarsa maallaqaa fi miiraa sii kennu.

Yeroo ispoonsera dhuunfaatti wolitti makamtu, gitootni itti firoomtu (makamtu) worroota akka ati jireenya kanaadaattin wol bartu hawwii qabaniidha.

Namootni kunneen kaffaltii mootummaa ala gargaarsa kennu. Isaanis worroota si gargaaruuf jecha uf kennanii fedhiin hojjataniidha. Gitootni ispoonsera kunneen maallaqa dhuunfaan wolitti guuruun gargaarsa kana sii kennu.

Gara Kanaadaa imaluuf yeroo hayyama eeggatuu worroota ispoonsera si ta'an qunnamuun gaariidha. Kunis karaa e-meelii, telefoonaa fi intarneetiin raawwatamu danda'a.

## Adeemsa iyyannoo – tarkaanfii itti aanu:

- Atii fi maatiin kee Kanaadaa dhufuu dura mana fayyaa irraa raga argachuu qabdu.
- Baasiin raga fayyaa fi dhimmoota fayyaa kanneenii kan cufu [mootumaa](#) Kanaadaati.
- Erga gaafi fi deebii xumurtee booda ragaa fayyaa si gaafachuuf ji'oota hedduu fixuu danda'a. Yoo ragaa fayyaa hin xumuratin ta'e, Waldaan Idil Adunyaa kan Godaansa ykn. [Waajirri Godaansa, Immigreeshina, Baqatootaa fi Lammummaa Kanaadaa](#) caalatti sii ibsuuf si qunnamu.
- Yakkamaa fi farra nageenyaa irraa qulqulluu ta'u kee ni qoratama. Kunis asiin dura yakka hamaa raawwatuu dhabuu irraa akka qulqullooftu fi Kanaadaaf rakkoo nageenyaa akka hin taane mirkaneessa.
- Aangawoonni Kanaadaa iyyannoo kee, dhimmoota fayyaa, nageenyaa fi yakkamaa darbuu laaluudhaan murtee kennu. Hanga hin gaafatamnetti, wanti dabalataan ergitu hin jiru.
- Yoo qorannoo fayyaa, nageenyaa fi yakkamaa darbuu dhabde, quubsuma Kanaadaa argachuuf hin filatamtu.
- Yoo qorannoo fayyaa, nageenyaa fi yakkamaa dabarte, Kanaadaan Waldaya Idil Adunyaa kan Godaansa, ykn. Waldayan biraa, akka qophii gara Kanadaa imaluf si gargaaru ni mijjeessu.
- Biyya Kanaadaa dhufuu dura qophii ga'ha akka argatuuf jecha biyyoonni tokko –tokko barnnota tolaa kennu, innis "Kanaadaa Biyya Alaatti Wol-beeksisuu" jedhamee beekkama. Qophii kanaafis kan horii baasu mootummaa Kanaadaa ta'e kan ammo qindeessee kennu Waldaya Idil Adunyaa kan Godaanttotaati. Barnoonni kunis erga Kanaadaa geettee booda, dhimma Kanaadaa, tajaajila jirani fi jiruu gaarii akka jiraattu sii akeeku.
- Yoo barnnoota biyya alaatti kennamu "Kanaadaa Biyya Alaatti Wol-beeksisuu" jedhamu kana irraa qooda fudhachuuf hiree dhabde ta'e, nama si waame fi qaama (sponsor) ta'eti beeksisi. Kunis akkuma Kanaadaa geetteen barnnoota kanneen akka argattu sii mijjeessan.

## Gara Kanaadaa Imaluu

- Erga qorannoo fi ragaalee cufa xumurte booda, imalli kee gara Kanaadaa ni mijjaawa.
- Biyya adda-addaa keeysatti kaffaltii biyyaa baa'iinsaa ni gaafatu, isa kana kan baasuu sii yoo ta'u, dhimma kana laalchisee dhaabbanni Idil Adunyaa kan Godaansa haala sii mijjeessu ta'a.
- Yoo "passport" fi documentiillee deemsaa gataa'aa hin qabaanne ta'e mootummaan Kanaadaa ragaa deemsaa sii mijjeessa.
- Mootummaan Kanaadaa maallaqa imalaaf barbaachisu sii liqeessa.
- Maallaqnii kun **liqii** dhaa, kunis waggaa 3 – 8 keessatti, akkuma herreega maallaqaatiin, guutuudhaan mootumaaf deebii'u qaba. **Warroonni ispoonsera sii ta'an horii liqii kana sii hin baasan**.
- Yeroo imaluuf kaatan dirree xiyyaaraa ga'uf, akkasuma ammo dhimmoota adeemsaa fi aangawoota imigreeshina laalchisee gargaarsa ni argattu.
- Imali gara Kanaadaa yeroo dheeraa kan fudhatu waan ta'ef, xiyaaraa fi dirree xiyyaaraa keeyssatti nyaata barbaachisu harkati qabachuun gaarii, nyaataaf kaffaltii waan gaafatuf jecha dura qophaayuun gaariidha.

## Kanaadaa ga'u:




- Kanaadaa akka geettaniin hojjatootnii dhaabbilee tajaajila kennan si simatu, yoo hiikkaa afaaniillee barbaachise otuu diree xiyyaaraatii hin ba'in haala Imigreeshinaa sii mijjeessu.
- Yoo imalli adeemsa itti fufu fi xiyyaara jijjiratu ta'e gara itti deemtu akeeku, imalla itti anuu dura sa'aatii heddu eeggachuun kan sibarbaachisuu ta'e, bakka raftuu fi nyaata dhiyesuun gargaarsa sii kennu.
- Bakkeen imalaa kan xumuraa yoo ta'e, qaama si waamee ispoonsera sii ta'e diree xiyyaaraatii sieeggatuun wolitti si fidu.
- Qaamn si waamee ispoonsera sii ta'e, bakka bultii, kan akka hoteela, mana jireenyaa fi apaartamaa sii qopheessu.
- Yeroo tokko – tokko, hanga bakki teeysuma dhaabbata argamutti teeysuma yeroo kan guyyaa muraasaa ykn. torbaaniif sii laatu.
- Qaamni si waamee ispoonsera sii ta'e, gargaarsa maallaqaa sii godhuun, bittaa nyaataa fi uffataa of keetiif raawatuu si gargaaru.
- Uffata qorraa sii laatu danda'u.

- Qaamni si waame ispoonsera sii ta'e, gaafilee qabdu cufa, dhimma jireenya Kanaadaa laalchisee akkasuma dhimmoota kanneen irratis si gargaaru:
    - o Turjumaana sii akeekuu
    - o Ogeessa fayyaa maatii fi ogeessa ilkaanii akeekuu
    - o Tajaajila fayyaa argachuuf Kutaatti iyyachuu
    - o Mana barnnoota ijoollee
    - o Namoota fedhii akka kee qaban wajjiin wal-qunnamsiisuu
    - o Tajaajila Baankii fi geejibaa fi kkf. mijeessuu
    - o Tajaajila quubsuma mootumaan kennu, kan akka leenjii afaanii fi tajaajla hujii argachuu fi kan birootis dabalate

Qaamni si waame ispoonsera sii ta'e, tin'isa duraa akka jiruu kee Kanaadatti jalqabdu si garagaaru. Haa ta'u garuu dhugaa fi haala garaa-garaa si mudatuuf uf qopheessu qabda.

Kanaadatti jabinnan hojjachutu jirenya kee woyyeessa.

Gargaarsi maallaqa qaamni dhuunfatti ispoonsera sii ta'e godhu waggaa 1, kunis guyyaa biyya kana geette irraa jalqabeeti. Waggaa 1 duras yoo uf dandeette gaariidha, garuu atii fi worroonni kee wagga 1 keeyssatti uf danda'u qabdu.

# Maatii wajjiin quubsuma argachuu



Atii fi haati manaa, ijoollee si jala jiraatan, ijoollee – ijoollee keetii kan si jala jiraatan galmee baqattummaa tokkotti guutamuudhaan si wajjiin gara Kanaadaa dhufuu ni danda'u.

Kanaadaa deemun dura **jijjiirra jiru** fknf. wol-fuudhuu fi wol-hiikuun yoo jiraate, yookiin yoo daa'ima qabaatte qaama si waamee ispoonsera sii ta'e fi aangaawwota kanaadaatti beeksisuu qabda. Kunis akka worroonni kee galmee baqattummaa tokko irratti guuttaman gargaara.



Akka warraatti Kanaadaa qubachuu aka barbaaduu qaama si waamee ispoonsera sii ta'e fi aanngaawota kanaadaa beeksisuun **baa'yee barbaachisaadha**. Iyyannoo kee irrattis guuttamuu qabu, kuni yoo hin taane haadha manaa/abbaa warraa akkasumas ijoollee kee uf duraaf gara Kanaadaa fiduu hin dandeettu.

Firaa fi hiriyyoota yoo Kanaadaa qabaatte, isaanitti dhiyeenyaan jiraachuu yoo barbaadde ta'e qaama si waamee ispoonsera sii ta'e fi aangawota Kanaada yeroodhaan beeksisuun gaariidha. Hanga danda'ameti Mootummaan Kanaadaa akka baqatoonni hawaasa isaanitti dhiyaatanii gargaarsa barbaachise argachaa jiruu isaanii woyyeeffatan hawwii qaba.

Quubsuma kan argattu magaalaa ykn. Naannoo qaama si waamee ispoonsera sii ta'e. Yoo fira ykn. qunnamtii bakka sanii qabaate qaamni dhuunffatti ispoonsera sii ta'e achitti si qubsiisuu ni danda'u.

Yoo firaa fi qunnamtiin kee bakka san irraa godaanan yerodhaan qaama si waamee ispoonsera sii ta'eti beeksisuun akka naannoo biroo si qubaachisan si gargaara.

Iyyannoo kee irratti "warra-si-wajjiin-hin-jirre" kan ammoo si jala jiran ni mul'ata ta'a. Isa kana erga Kanaadaa qubatee booda worroota kannen sagantaa "waggaa tokkoof hiree kennamu" jedhamu jalatti waggaa tokko keeyssatti iyyanno galfattee akka worroonni kee, qaadhimaa kee, ijoollee si jala jiraatan, ijoollee – ijoollee keetii kan si jala jiraatan fidachuu ni dandeessa. Kunis hujii irra ooluf gara Kanaadaa otuu hin imalin dura warroota kanneen iyyannoo irratti galmaayyu qaban.

Worroota biroo kan akka abbaa fi haadhaa, akaakayyu, obboleetti fi obboleesa dhuunfatti iyyannoo galfachuun quubsuma Kanaadaa gaafaachuu ni danda'u. Jiraata Kanadaa erga taatee booda ulaagaalee barbaachisan guutuudhaan worroota kanneen, fiduu (sponsor) gochuu ni dandeessa. Xumuri iyyannoo dheerachuu fi worroota kanneen waggaawwan dheeraf arguu dhabuu dandeessa.

Waajirri Immigrashina, Baqatootaa fi Lammummaa Kanaadaa (IRCC) beelada kamiyyu, kan tajaajila kennutti beekamtii qabanii ala si wajjiin imaluu hin hayamamu, garuu baqatoonii karaa dhuunfaatiin ulaagaalee barbaachisan guutuudhaan mijjeeffachuu ni danda'uu.

## Haala jireenya kee

Akkuma Kanaadaa geetteen dokumentiin jiraataa Kanaadaa ta’u kee mirkaneesu siif kennama. Inni kunis seera **dhaabbataan** umurii kee guutuu **jiraataa biyyaa** ta’u kan mul’isu. Mana barnootaa deemuu akkasumass hojjachuu ni dandeetta.

Lamummaa biyya Kanaadaa argachuuf, yeroo meeeqa **qaamaan biyya** Kanaadaa hanga jiraatte laallamee ulaagaalee barbaachisan erga guuttee booda lammummaaf iyyannoo galfachuu ni dandeessa.

Caalatti hubachuuf isa kana laalaa: [https://www.canada.ca/en/immigration-refugees-citizenship/services/canadian-citizenship/become-canadian-citizen.html](https://www.canada.ca/en/immigration-refugees-citizenship/services/canadian-citizenship/become-canadian-citizen.html), ykn kara garee spoonsershipii keetii.

## Kanaadaa bakka jiraattu:




Biyyi Kanaadaa adunyaa irratti bal’inaan 2ffa taatee magaalotaa fi gandoota baa’ye qabdi. Garuu naannooleen hedduu isaanii irrati bakka namni hinquanee fi namni hagoon jiraatu ni argama. Magaalonni gurguddon gara kibbaa kanaadaa ta’e daangaa Ameerikati argamu.


Bakkeen namni hedduu jiraatu wolirraa fagoodha. Xiyyaaranis yoo deemtu ta’e, bakka irraa bakka tokko ga’un yeroo fudhata. Fakkeenyaaf, fageenyi magaalaa gurguddoo Kanaadaa, Toroontoo fi Vaancuuver gara kiiloomeetira 4,300, kana jechuu atobisaan guyyaa 3 deemuu jechu.

Bakki quubsuma argattu magaalaa ykn. bakkee gareen si waamee ispoonsera sii ta’e jiraatuudha.

Qaamni si waamee ispoonsera sii ta’e akka uf dandeette jiraattu namoota uf kennanii si gargaaruuf qophaayaniidha, Kanaadaa keeyssa bakka barbaadde deemuun mirga keeti, garuu gareen ispoonsera sii ta’an kan si gargaaran waggaa tokkoof ta’a, kunis **hanga ati hawaasa isaani keeyssa jirtuudha**.

Yoo Kanaadaa keeyssa naannoo biraatti godaante, qaamni si waame ispoonsera sii ta’e gargaarsa maallaqaa sii gochuu hin danda’u, akkasumas tajaajila mootummaan kennus argachuu hin dandeesu.

## Ummata Kanaadaa



Kanaadatti dhiiraa fi dubartootni wal qixa. Mirgi hundaa sadarkaa tokkotti laallamee kabajjama. Dhiiraa fi dubartootni kamiyyuu, aadaa, sanyii, fi amantaan otuu wol hin qoodin kabajjaan wajjiin jiraatu.

Kanaadatti eenyullee yaada isaa bilisaan dubbachuu ni danda'a, akkasumas kan nama biraallee kabajjamuu qaba.

Bakka jiraatutti dhimmoonni qooda irraa fudhachuu danda'man kan akka hawaasummaa fi waldaaleen adda–adda ni jiru, dhiira, dubrtootaa fi ijooleen cufti hirmaachu danda'u. Ispoortii akka kubbaa miilaa, bishaan daakkaa fi kan biroolle ni jiru. Isaan kunneen gariin isaanii tola yoo ta'u gariin ammoo kaffaltii gaafata.

Yeroo biyya jirtu worraa fi firoottan kee sii maddii si gargaruu fi sideggaruu akkasumas jireenya san yaaduun kee hin oolu, kanaafis kophxummaan sitti dhagayamuu hin qabu, yoo yaaddoo qabaatte qaama si waame ispoonsera sii ta'e  ykn. namoota itti dhiyaattu dubbisuuf yaali. Jiruu fi jieenya Kanaadaa wajjiin akka wol bartu namoonni si gargaaru.

Yoo naannoo keetti wolgahiin namoota biyyaaf haarayaa kan kennaman ta'e irraa hirmaadhu kunis akka hawasa keessatti hirriyyaa horattuu fi tajaajila naannoo jiran akka barattu si gargaara.

## Seera Kanaadaa:




Seerri Kanaadaa namoota cufaaf mirga namoomaa, wolabummaa fi wal-qixxummaaf beekkoomsa ol'aanaa kenna. Chaartera bilisumaa fi wolabummaa Kanaadaa heera mootummaa keessaa isa tokko. Seerri kuni akkuma Kanaadaa seenteen hujii irra oola.

Biyya dhufte irraa haalli tokko–tokko kan biyyatti nama hin saalffachiifne biyya Kanaadaatti faallaa ta'e waan laallamuuf hubanna keeysa galchuun gaariidha. Dubartii fi ijoollee dhaanuun, ijoollee kophaa dhiisuun, hayyamaa ala konkolaata oofuun, konkolaata keesatti ijooleen kursi daa'ima malee imaluun, akkasuma ammoo mana fincaani alatti haguu fi fincaanuun seeraa ala waan ta'ef hubachuu qabdu. Iddoo irra caalaati manni fincaani tolaa baayeen argamuu.

Caalatti seeraa fi danbiilee Kanaadaa hubachuuf marsariitii mootummaa Kanaadaa irraa laaluun ni danda'ama.

## Afaan:




Kanaadaan afaan mootummaa 2 qabdi: Afaan Ingliiziffaa fi Faransaayiffa. Afaan Ingliziffaa fi Faransaayiffa beekuun quubsuma Kanaadattif baa'ye si gargaara.

Afaan ingliiziffaa hedduminnaan kutaalee fi teritoorii keessatti ni dubbatama, afaan Faransayiffaa ammoo baa'yinan Quebec keeysatti dubbtama, dabalataan hawwasni Faransaayii kutaalee fi teritoorii Kanaadaa hundaa keeyssa ni jiraatu, akkasuma ammoo hawaasni baay'inna hin qabne biroollee Quebec keessa jiraatu.

Afaan Ingliiziffaa fi Faransaayii sirriti hubannaa yoo qabaatte hujii argachuu fi mana barnnootaa deemuuf guddisee si gargaara akkasumas akka tajaajila jiran beektuuf waan si gargaaruuf otuu Kanaadaa hin dhufin dura afaan kannee keeyssa tokko shaakaluun gaariidha.

Erga Kannadaa dhuftanii booda barnnoota afaanii gargaarsa mootumaatiin tola barachuu ni dandeetta. Qaamni si waamee ispoonsera sii ta'e haala odeeffannoo argatuu, sagantaa haala qorannaa afaanii argartuu fi akkaata itti galmooftu si gargaaru.

## Hujii argachuu:





Waggaa duuraatiif atii fi maatiin kee gargarsa maallaqaa Kanaadaa irraa yoo argatanis, yeroon hujii barbaaddachuun akka ufi fi maatii kee dandeette jiraatu si taasisa.

Afaan Ingiliiziffaa fi Faransaayiffaa beeekuun hujii argachuuf rakkoo hin ta'u. Hujiileen tohatamanii fi daldalli waan asii gadii kanneen gafatu:

- Afaan Ingiliiziffaa fi Fransaayii sirritti dubbachuu
- Afaan hujiilee wajjiin wolqabate hunda irra hubannoo gaarii qabaachuu
- Jechoota adda – addaa fi hima gara garaa hubachuu, gariin kanuma Kanaadaa qofa itti fayyadmu waan ta'ef hubachuun gaarii.

Yoo dandeette hujii ogummaa keetiin madaali afaanii maal akka ta'e beekuun gaari, erga Kanaadaa seentee booda qaamni si waame ispoonsera sii ta'e akka barnnota afaanii fudhatu si gargaaru. Akkasuma Qaamni si waame ispoonsera sii ta'e worroota tajaajila kennan wajjiin si qunnamsiisuun akka odeeffannoo tola kennamu sii kennuun haala hujii itti argattu si gargaaru.

Barnnootaan digrii universitii, diploomaa Koleejjii ykn. Sertifikeetii yoo qabaatte, Kanaadatti fudhatama hin qabaatu ta'a. Fudhatama argachuu fi dhabuu kan murteessu kutaa atii jiraatuu fi ogeeyota dhimmi ilaaluun murtaa'a. Warroonni tajaajila kennan ammo maal akka si barbaachisu sii akeeku.

Kanaadaatti muuxannoo hujii argachuuf tolan hojjachuun karaa gaariidha, hujiin kuni yoo kaffaltii ala ta'es, muuxannoo hujii waan horatuuf hujii argachuun si hin rakkisu. Dabalataan afaan akka shaakaltu, hiriyyota akka horattu fi hawaasa wajjiin akka wol baratu si gargaara.

## Tajaajila quubsumaa

Tajaajilli quubsumaa kan gargaaramuu Imigreeshina, Baqattootaa fi Lammummaa Kanaada (fi Imigreeshinii Ministère de l'Immigration, de la Diversité et de l'Inclusion Quebec) irraa tin'isa argata. Tajaajilli kunis teesumaa dhaabbataa worroota qaban cufaaf akkasumas baqatoota quubsuma irra jiraniifis tajaajila wol-fakkaatu kana kennu. Tajjaajilli kunis akka sirritti jiruu kanadaatiif uf qopheesitu si gargaara.

Gara Kanaadaa imaluu dura marasariitii Imigreeshina, Baqattooataa fi Lammummaa Kanaadaa laaluun qophee si barbaachisu cufa akka raawwattu si gargaara, isa kanas erga iyyannoon kee mirkanaayee booda tajaajila kennamu xiinxaluun gaariidha.

Erga Kanaadaa geettee booda ogeeyyonni quubsumaa akka jiruu Kanaatiin wol bartu tajaajilla adda-addaa kennu. Kunis gargaarsa hujii argachuu, barnnoota afaanii, leenjii hujii ogummaa, tajaajila qeerroo fi manguddootaa, akkasumas kan biraallee dabalatee.

Tajaajila Imigreeshina, Baqattootaa fi Lammummaa Kanaadan kennamu guututti karaa interneetiin argachuu ni danda'ama.

## Baasii

Kanaadaa erga geettee booda qaamni si waamee ispoonsera sii ta'e gargaarsa maallaqaa waggaa tokkoof sii godhan, kunis hanga waggaa tokko keeyssatti atii uf dandeettuutti ta'a.

Akkuma gargaarsi qaama si waamee ispoonsera sii ta'e irraa dhaabbateen, uf danda'u qabda, baasiilee nyaataa, kiraa manaa, ibsoo, bishaan, uffataa fi qaraxa sirraa eeggama. Kanaaf, horii qusannaan itti fayyadamuu barachuun gaariidha.

Ji'oota 12 keeysatti yoo hujii hin arganne ta'e, qaamonni hawaasa keesstti gargaarsa kennan kan akka baankii nyaataa ni argamu akkasumas dhaabbileen adda-addaa dhimma kanneen irratti si gargaaru. Dabalataanis gargaarsi mootummaan godhus waan jiruuf isaan kunneen tin'is barbaachisu sii laatu, garuu tajaajila kanneen argachuuf ullaagaalee si barbaachisu guutuu qabda, caalatti hubachuuf qaama si waame ispoonsera sii ta'e gaafachuun odeeffannoo argachuu dandeetta.

Gargaarsa maallaqaa firaa biyya jiraaniif erguu ni yaada ta'a, kana gochuuf ati bilisa, garuu maallaqni baasii irraa hafee ergamu yeroo baa'ye rakkisaa ta'a. Biyya Kanaadaatti baasiin ba'u akka biyyatti baratamee ala waan ta'ef hanga jiruu Kanaadaatti wajjiin sirritti wal simattuu yeroo akka fudhatu hubachuun gaariidha.

## Mana baruumsaa



Mana barnnootaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa barnoonni ijoolleef tolan kennama. Akka seera biyyaatti ijoollee wagaan isaanii 6 – 16 ta'an cufti mana baruumsaa deemuu qabu. Baratootni irra caalaan sadarkaa 2ffaa qoratanii umrii 18 keessatti diploomaan eebbifaman.

Ijoolleen erga sadarkaa 2ffaa xumuranii booda universitii ykn. Koleejjii seenuu ni danda'u. Universitii fi kolleejji jalqabuun baasii barbaada. Garuu universitii fi kolleejjiin haala bratoota itiin gargaaru ni mijjeessa. Karaa barataan tola baratu fi akka barataan liqii argatee baratu tin'isa kennu.

## Fayyaa fi eegumsa ilkaanii



Dhaabbataan jiraata Kanaadaa wan taateef, tajaajila fayyaa, mana yaalaatti yaalamuu fi doktora arguun harka caalu tolan kennama.

Kanaadaa akkuma geettaniin mootummaan Sagantaa Tajaajila Fayyaa Federaala Kan Yeroo (IFHP) isinii kenna, kunis akka tajaajila fayyaa argattan isin gargaara, kana jechuun doktora arguu mana yaalaa deemuu dabalateeti. Tajaajilli kuni hanga kutaa ykn. Teritoorii irraa tajaajilli sagantaa fayyaa si dhaqabuuf. Kunis baatii 3 keessatti si ga'a. Yeroo kanneen keeysatt inshuraansii fayyaa argachuuf bakka jirtutti iyyannoo galffachuu qabda.

Ogeeyota fayyaa bira yeroo deemtu cufa raga Sagantaa Tajaajila Fayyaa Federaala (IFHP) mul'isu qabda. Kanaadaa keeysatti bakka fedheyyuu yoo jiraatte ogeeyota fayyaa kan galmaayan irraa tajaajila argachuu ni dandeetta. Isaan kannenis tartiibaan IFHP jedhu jala interneetiin argachuu ni danda'ama.

Sagantaan Tajaajila Fayyaa Federaala (IFHP) qorrichoota haakimiin ajaje, akkasuma hanqinnota fayyaa irraa kan ka'e dhibdeelee garaa- garaa fi tajaajila ogeeyyii fayyaa fknf. tajaajila fayyaa sammuu, ijaan arguu dadhabuu, dhukkubbii ilkaanii cufaaf tajaajila kenna. Kuni garuu kan hujii irra ooluu hanga qaamni si waame ispoonsera sii ta'e gargaarsa barbaachise sii taasisuuti.

Caalatti Sagantan Tajaajila Fayyaa Federaala (IFHP) kennu laaluuf: marsariitii Imigreeshina, Baqattoottaa fi Lammummaa Kanaadaa laali

Qaamni si waamee ispoonsera sii ta'e dhimmoota akka haakima maatii, haakima ilkaanii fi akkasuma ogeeyyota fayyaa samuu fi gorsitoota sii barbaaduun si gargaaru.

Kutaa fi teritooriin hundi wabii fayyaa kan uf danda'e qabaatu. Kanaafuu atis wabii fayyaa maal akka cufu laaluu qabda. Akkuma Kanaadaa seenten qaamni si waamee ispoonsera sii ta'e dokumentiilee barbaachisaa ta'ani fi iyyannoo galfachuu irratti si gargaaru.

Baqatootni akka haarayatti Kanaada dhufan kophxumaa fi alagummaan itti dhagayama ta'a. Kunis haalota keessa darban fi yaaddolee hamaa ta'an irraa kan madde ta'u ni mala, kanaafuu dhimmota kaneen ogeeyonni tolan waan yaalaniif qaama si waamee ispoonsera sii ta'e gaafachuun gargaarsa jirutti fayyadamuun ni danada'ama.

## Talaallii

Talaallii fudhachuun dhibee adda-adda irraa akka qaamni keenya uf danda'u taasisa, du'a guyyaa malee si mudatu irraa si baraara.

Talaallii fudhachuun akka qaamni kee dhibdee irraa uf baraaru taasisa, talaalliin kanaadatti kennamu sirnaan qoratmee erga mirkanaaween booda ummtaa kennama.

Otuu kanaadaa hin seenin haakimoonni akka talaallii dhibee qaama irraa dhoorgu fudhattu si gorsaniiru ta'a. Yoo biyya alaatti waraannatee jiraatte ragaa akka agarsiiftu.

Akkuma Kanadaa seenteen talaalliin hedduun isaanii mootummaa Kutaa ykn. Teritoorii jalatti tolaan kennamu. Atii fi waroonni yoo asiin dura hin waraanamne ta'e dhibdee gara – garaatiin saaxilamuu ni mala. Keessattuu ijoolee fi daa'iman dhibdee dhoorkamu danda'amuuf ni saaxilaman, isa kanneen hanqisuuf naannolee Kanaadaa tokko – tokko keeyssatti talaallii barbaachisu cufa otuu barnnota hin jalqabne ijoolleef ni kennan.

Qaamni si waame ykn. ispoonsera sii ta'e, haakimoonni fi ogeeyonni fayyaa caalatti haala talaallii kana sii akeeku.

Talaallii fudhachuun filannoo keeti, garuu yoo fudhatte nageenyaa keetii fi nageenya namoota biraatiifis dhibeen akka hin facaane ufis, maatii keetis akkasuma hawaasas gargaarte jechuudha.

## Nyaataa fi bishaan



Bishaan Kanaadaa sodaa tokkoo ala dhugaatiif kan ta'u. Mannen cufti bishaan oo'aa fi qabanaawa halkanii fi guyya ni argatu.

Dhiyanna ykn. nyaata adda-addaa kan argamu magaalota gurguddoo keessatti, garuu magaalota xixiqqaa keessatti nyaatni bifa garaa-garaa argachuun ni rakkisa.

Kanaadaan namoota biyyaa adda-adda irraa dhufan qabdi, akkasuma sanyii fi gosti namaa heduttu asitti waan argamuuf, nyaata gara – garaatu aadaa wajjiin asiti argama. Nyaata ykn. dhiyana barbaade dukkanota adda-adda irraa argachuu ni dandeeta. Nyaatni gariin qaalii ta'u ni mala, kunis kan ta'ef qilleensi Kanaada waan jijjiiramuuf dhiyanni bakka biraatii dhufa.

## Amantii






Kanaadaan amantii heddu qabdi. Amataa kee bilisaan akka hordoftu hayyama qabda. Seeri kanaadaa akka amataa namoota biraa kabajitu gaafata. Eenyullee amantii kee akk jijjirrattu si dirqisiisuu fi si gaaffachuu hin danda'u. Amantiin bilisaa kan jedhu kanaadaa keessatti mirga duraati.

Qaamni si waame ykn. ispoonsera sii ta'an hedduun isaanii hidhata amantii qaban, atii garuu amantii kee itti fufuu dandeeta. Namoonni kunneen fedhiin uf kennanii si gargaaru. Kanaadaa dhuftee ummtaan wol–fakkaate dhiibbaa tokko malee nagayaan akka jiraattu barbaadu.

## Qilleensa









Biyyi Kanaadaa qileensa afur qaba: Arfaasaa, bona, birraa fi gannaa. Kanaadaan biyya bal'oo waan ta'eef qilleensi biyya irraa – biyyatti jijjiirama

Arfaasaan, (Bitoteesa, Ebla fi Caamsa) baatiiin kunniin naannoolee Kanaadaa hedduutti yeroo roobaati, qileensi yeroo kanaa qabbanaawaadha. Bonaa (Waxabajii, Adoolessa, fi Hagaya) yeroo kana heddun biyyaa ni oo'a. Guyyaa oo'i isaa 20°C ol ta'a, yeroo baa'ee ammaoo 30°C ol ni ta'a.

Birraa, (Fulbaana, Onkololeessa fi Sadaasa) qilleensi ni qabanaawwa, robnis ni baayyata. Gannaa, (Muddee, Amajii fi Gurraandhala) ni qabanaawa, bakka heddutti qilleensi isaa 0°C gadi ta'a. Laftis cabbiindhaan kan uwwiffamtu Muddee irraa hanga Bitootessaa fi Eblaa. Biyya Kibba- dhiyaa British Columbia (naannoo Victora fi Vancouver) cabbii irra roobatu hammata.

Yeroo duratiif qorraa fi cabbiin Kanaada kan gannaa si naasisuu ni mala, unffata sirritti yoo uffate naasuu irra dinqiisiiffachuti ni ceeta, kanas kan murteessu baatii itti asi geette ta'a, yoo yeroo cabbii geette, qaamni si waame ykn. Ispoonsera sii ta'e gargarsa sii godhu, waan akka koofiyaa, boottii, guwaantii fi uffata qorraa maatii wajjiin akka argattu si gargaaru.

## Gorsa xumuraa

Jireenya haaraya Kanaadatti jalqabuun gammachuu fi hiree haaraya. Ta'us garuu rakkoolen hin jiran jechuu miti. Namni gariin jiruu asiitiin wol-simachuun itti ulfaata, kuni yeroo waan fudhatuuf obssaan dabarsuun barbaachisa. Wanti yaadatu qabdu namoonni akkuma kee biyya kana dhufanii jirreenyaan wol-simatii akkasumas wolitti makamanii hawaasa kanaadaa ta'aniiru.

Ummanni fi tajaajilli sii kennamu kaneen si gargaaran ni jiru. Qaamni si waame ykn. ispoonsera sii ta'e gaafiilee fi yaaddoo qabdu cufa si wajjiin mari'achuuf qophii jiru, isaanis haala sii mijjeessu irratti ni hojjatu. Iyyannoo kee laalchisee Waajira Godaansa Imigreeshina, Baqattoottaa fi Lammummaa Kanaadaa dubbisuu ni dandeetta.

Gargaarsi biraallee kan akka hawaasa, gita amantoota fi tajaajila ogeeyyii gorsitootaa akkasumas jaarmooleen gargaarsa mootumaan quubsuma kennan cufti isaanii namoota haaraya dhufan gargaarutti muuxxannoo waan qabanii akka biyya bartu si gargaaru. Kanaaf, gargarsa gaafachuu hin saalfatin.

Haaluma ta'eenuu yoo wanti si miidhu jiraate, sirnaa ala sitti fayyadaman ta'e akkasuma qaamni si waame ykn. ispoonsera sii ta'e gargaarsa si barbaachisu sii laatuu yoo hanqate, Imigreeshina, Baqattootaa fi lammummaa Kanaadaa kara IRRC.INPSRPPPRRI.IRCC@cic.gc.ca qunnamuu qabda.

Imigreeshina, Baqattootaa fi Lammummaa Kanaadaa qunnamuun akka gargaarsaa fi quubsuma kee dhabdu si hin taasisu.

Xumura irratti, marsariitii odeeffannoo kan qophiif si gargaaran jiru. Marsariin Kutaa odeeffannoo barbaachisaa qabau fkn. Gaafilee yeroo hedduu gaafatamu, hawaasa jiran fi haala biyya cufa akka oddeeffannotti ni argatta.

Marsariin Mootummaa Kanaadaa, heddutu kan odeffannoo adda-addaa kan jireenya Kanaadaa ibsu, kaartaa Kanaadaa, jaarmolee tajaajila kennan, hawaasota jiran, qorannaa barnnoota afaanii fi dhimoota adda-addaa akkasumas Kanadaa imaluuf odeeffannoo dabalataa qaba.

**www.canada.ca/immigration**